

Sabboonummaafi Lafa: Gahee Yaadannoofi Hariiroon Bakkaa Dammaqinsa Oromoof Gumaache, Asoosamoota Oromoo Filataman Keessatti

¹Lachiisaa Fayyeeraa, ²Ashannaafii Balaay, ³Ayyalaa Kabbadaa

*¹ Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yuunivarsiitii Bulee Horaa

*² Muummee Afaan Ingiliziifi Ogbarruu, Yuunivarsiitii Jimmaa

*³ Muummee Afaan Ingiliziifi Ogbarruu, Yuunivarsiitii Bulee Horaa

*¹ Barreessaan qindeesse: Lachiisaa Fayyeeraa; E-mail: lachisifayi2016@gmail.com

AXAREERA

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee yaadannoofi hariiroon bakkaa dammaqinsa uumuufi sabboonummaa cimsuurratti qabu asoosamoota Oromoo filataman keessatti agarsiisuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf malli qorannoo akkamtaa hojiirra ooleera. Qorannoon kun asoosamoota Oromoo lama: Godaannisaafi Yoomi Laataa? irratti kan hojjatame ta'ee, tooftaan iddatteessuu miticarraa-akkayyoon hojiirra ooleera. Danoomni barreessitootaa, barri maxxansaa, qabiyyee fi seenessamni asoosamootaa wiirtuu ulaagaa filannoo ta'aniiru. Ragaalee seenessamaafi qabiyyee bu'uureffachuun akkasumas, tooftaalee ogbarruu akka fakkoomii, aguuggii, bakkabuusa, firoomina hafeefi waldubbisaa mala sakatta'a dookimeentiin walitti qabamuun hiikni xiinxala galumsa hafeen kennameera. Haala kanaan, ragaaleen asoosamootaa xiinxalaman akka agarsiisanitti walitti hidhaminsi sabni Oromoo lafa isaa waliin qabu miiraafi hariiroo bakkaa uumuun mul'ateera. Hariiroofi miirri bakkaa uumame immoo yaadannoo injifachuufi injifatamuu horateera. Yaadannoowwan kunneen dammaqinsa Oromoof hundee ta'uun hafeefi seenessama asoosamootaarraa mul'ateera. Maqaa sabaafi gosaan laftiifi biyyi moggaafamuun eenyummaan lafaafi namaa akka walqabatu taasiseera. Karaa namfakkiileefi sansaka isaaniitiin falmiin lafa akaakileefi abaabilee irratti uumame dhaloota darbeefi dhufu walitti hidheera. Walitti hidhaminsi lafaafi dhalootaa kun miirri 'biyya abbaa' akka mul'atu taasiseera. Akkasumas, miirri injifachuufi injifatamuu lafarratti mudate bakka seenaa ta'uun dammaqinsa jabeessee sabboonummaa dagaagseera. Bakkeewwan kunneen dhaloota jidduutti cancala ta'uun jaatanii ogbarruu Oromoo keessatti akka qabiyyee fi seenessama ijoo asoosamoota Oromootti dhihaataniiru. Kanaan asoosamoonni Oromoo ibsituu hariiroofi miira bakkaa qofaa osoo hintaane, kuusaafi dabarsaa seenaa Oromoofi calaqqee sabboonummaa Oromoo waan ta'aniif xiyyeeffannoo qorannoos akka ta'an akeeka.

Jechoota Ijoo: hariiroo bakkaa, yaadannoo, dammaqinsa, sabboonummaa, biyya abbaa

SEENSA

Dubbarreen (discourse) ‘lafti keenya lafee keenya, lafaafi lafee’ jedhu dhimma ijoo sabboonummaa Oromoo ta’ee, hidhata seenaa, siyaasaafi aadaa qaba. Aadaan Oromoo calaqqee jiruufi jireenya Oromoo akkuma ta’e hundeen sabboonummaa Oromoos dhimma aadaa Oromooti (Gammachuu, 1996). Karaan walitti hidhaminsa sabaafi lafa isaa jidduu jirus kan mul’atu aadaadhaani. Kanarraa ka’uun dhimmi lafaas dhimma sabboonummaa ta’a. Hundagaleessummaan aadaa Oromoo kun sabboonummaafis madda ta’eera. Karaa sabboonummaan ittii mul’atu keessaa tokko ‘ogbarruun’ ta’uun sabboonummaan ogbarruu Oromoo jaatanii dhimma Oromoof daandii ta’a. Keessattuu, yaadannoon waloo saba tokkoo hariiroo bakkaa kan injifachuufi injifatamuun uumamu ogbarruun dhihaachuun wiirtuu sabboonummaa ogbarruu Oromoo ta’eera (Asaffaa, 2020). Sabboonummaan akka illeenya saba Oromootti kallattii Oromoon irra deemuu akeeka (Asaffaa, 2007). Sababni, sabboonummaan eenyummaa saba tokko isa kaleessaa ibsuufi gara fuulduraattis eessa akka gahu agarsiisa (Abbaas, 2002). Kuni immoo aadaa yookiin beekumsaafi qabeenya umamaafi namtolchee saba tokkoo hammata. Koloniin Oromootti dhufes inni jalqabaa lafa isaa saamuun iddoo dhabsiisuu, beekumsa aadaafi amantii isaa balleessuun kan isaaniin bakka buusuufi seenaa jijjiiruudha (Asaffaa, 1993).

Akka aadaa Oromootti lafti qabeenya uumamaa irra jiraatan qofaa osoo hintaane, walitti hidhaminsa addaa sabicha waliin qabudha. Lafti kan dhaloota sadii: kan ammaa, kan lufeeffii dhufuutis (Warqinaa, 2010). Kanarraa kan ka’e sabboonummaan Oromoos ta’ee sosochiin biyyaalessaa Oromoo saaminsa lafaafi sarbaminsa ilmoo namaa mudate falmuu wiirteffata. Akka Asaffaan (1993) ibsetti qabsoon biyyaalessaa Oromoo ka’umsa isaa aad-hawaasummaa bu’uureffate. Kunis, Oromoon erga akka sabaafi biyyaatti jiraachuurraa ijaarsaafi ijaarama biyya ‘Itoophiyaa’ keessatti makamee muuxannoo saaminsa qabeenyaafi sarbaminsa mirgaafi manca’insi aadaa isa quunnameera (Asaffaa, 2007). Haalli aadaa isaarratti abbummaa akka dhabu, guddinni hawaasummaa isaa akka quucaru taasise. Hacuuccaa kana kan mijeessseef immoo jaarmitaalee isaanii Oromoo irratti lafaqabsiisuun kolonii keessoo diriirfatan. Oromoonis akka lammii lammaffaatti lakkaa’ame. Ta’iin kun ganamumaan ‘diddaan aadaa’ akka uumamu taasise. Kanaaf, diddaan aadaa Oromoo keessatti dagaage kun sabboonummaaf dhuka ta’eera. Haalli kun akka Asafaan (2012) ibsutti, sabboonummaan aadaa Oromoo warreen biroof bu’uura ta’a. “To fight against the political exclusion, economic exploitation, and cultural domination imposed by the neo-Abyssinian force on the Oromo, the bedrock for Oromo nationalism has been Cultural Nationalism.” (f.1)

Haala kanarraa ka’uun Asafaan (2012) akka ibsetti ‘diddaan aadaa’ ture sabboonummaa Oromoo yeroo dheeraa tarkaanfachaa dhufeeff jabina ta’eera. Diddaa aadaa kana biratti Oromummaan, Oromoo galma tokko jalatti walitti qabuun sabboonummaa Oromoof xurree ta’uu amana. Gammachuun (1995) gama isaatiin Oromummaan bu’aa hariiroo Oromoon naannoo uumama waliin qabuufi beekumsa Oromoo sadan: Uumaa, Ayyaanaafi Safuurraa kan argamu ta’ee sabboonummaaf hundee ta’uu ibsa. Kana hundaaf immoo aadaan Oromoo madda ta’eera.

Qorattootni akka Mohaammadi (1996), Makuriyaa (1996)fi Luwiisi (1996) guddina sabboonummaa Oromoof gaheen barnootaafi sabboontota barnoota ammayyaa qabanii olaanaa ta'uu ibsanis, gaheen aadaan Oromoo sabboonummaaf qabu cimaa ta'uu hinhaalaa. Caalattuu, Tasfaayeen (2019) kallattii 'seena ogbarruu Oromoon' akka agarsiisetti, sabboonummaan Oromoo aadaa Oromoo keessa turuufi dagaagu ibseera. Haalli kun akka Abbaas (2002) jedhu, sabboonummaan Oromoo dhiibbaa amantii alaa dhufoo akka dandamatuufi waliin dagaagu taasiseera. Kun immoo akka ibsa Gammachuu (1996) 'aadaan Oromoo' hundagaleessummaa qabaachuun liqimsamuuf mijachuu dhabuu agarsiisa.

Egaa, sabboonummaan Oromoo aadaarraa madde gaafa jennu, ilaalchi Oromoon lafa irratti qabus aadaa ta'uu nu agarsiisa. Haala kanaan qorannoo kana keessatti kan cimsinee dubbannu, hariiroon Oromoon lafa isaa waliin qabu agarsiistuu sabboonummaa isaa keessaa tokko ta'uudha. Fakkeenyaaf, maqaan 'Oromiyaa' Oromoorraa dhufe (Asaffaa, 1993). Maqaan Gosoota Oromoofi lafti isaaniis walitti hidhataadha. Kanaaf, tokkummaan Oromoo karaa ittiin mul'atu keessaa hariiroon namaa-lafaa tokkodha. Bakki Oromoon diddaa kolonii taasisuun itti injifates ta'ee injifatame yaadannoo uuma, yaadannoon dammaqinsaaf karaa bana; guddina sabboonummaas mirkaneessa. Sabboonummaaf xurreen ogbarruu bara Haaromsaan afaan moggeeffamaniif iddoo kennuu qofaa osoo hintaane, yaadannoon waloo nama dhuunfaafi garee hariiroo bakkaa waliin qabu xiyyeeffannoo ogbarruu ta'eera (Golbaniifi Zi'oobaanuu, 2008). Haala kanaan asoosamoota Oromoo keessatti hidhata lafaafi sabummaan sabboonummaan akkamitti akka mul'ate agarsiisuun xiyyeeffannoo waraqaa kanaa ta'eera. Haala kanaan kaayyoo gooreen qorannoo kanaas: Hariiroon bakkaa walooma Oromoo utubuun akkamitti akka dammaqinsa uume ibsuu, miirri injifachuufi injifatamuu lafa tokkorratti uumamu yaadannoo hawaasaa akkamitti akka kuusuufi dabarsu agarsiisuudha.

Gahee Hariiroon Bakkaa Dammaqinsaafi Dagaagina Sabboonummaaf Qabu

Sabboonummaan jiruufi jireenya Oromoo mara keessatti calaqqisa. Dhimoota jireenyaa keessaa immoo dhimmi lafaa isa tokko. Kanaaf, wiirtuun sabboonummaa sabummaafi lafa sabichi irra jiraatu irraa hinfagaatu. Oromoonis, lafa isaarratti ofiin ofbulchaa yeroo jiraataa turetti saba bilisummaa qabu ture (Haaltin, 1996). Sabni birmadummaa qabu immoo garbummaa kamuu hinfudhatu. Bilisummaan immoo lafa dhalootaafi biyya dhalotaa irratti abbummaafi nagaan jiraachuudha. Kanaaf, raagamtaan sabaafi lafa dhalootaa walirraa adda hinbahu (Qeesar 1994, Giroosbaay 2005, Muraadoviifi kanneen biroo 2021). Gammachuun (1996) gama isaatiin Oromummaa Oromoorraa adda baasuun ulfaataa ta'uu yoo ibsu, raagamtaan isaaniifi seenaan isaa walkiphuun aadaa Oromoos adda taasisa. Namummaan/sansakni, sabummaafi amantiin bakka walbu'uun tokkummaa cimaa kan qaban sansaka Oromoon "keessaafi alaan" calaqqisiisudha. Sansakni keessaa "safuu sabummaa" yemmuu ta'u, kan alaa hariiroo namni naannoo isaa waliin qabudha. Kun immoo hariiroofi miirri Oromoon bakka dhalootaafi biyya dhalootaaf qabu cimaa akka ta'u taasisa. Hariiroon kun jiruufi jireenya Oromoon afoolaafi duudhaan ibsu waliin walitti

hidhata qaba. Haala walfakkaatuun Asaffaan (2009) Oromummaafi sabboonummaan walirratti hirkachuu ibsa. Haalli kun kan agarsiisu sabboonummaan daangaa amantaa malee jiraachuufi duudhaafi eenyummaan Oromoo sabboonummaaf bu'uura.

Dhimmi lafaas ta'ee sabboonummaan lafa saba tokkoo irratti jiru yaadannoowwan garaagaraa qabaata. Dhimmoota dammaqinsa waloo uumuufis ta'ee, sabboonummaa Oromoo dagaagsuuf gahee bahan keessaa yaadannoon waloo, keessattuu hariiroon bakkaa iddoo guddaa qaba. Akka Asafaan (2020) ibsu, miirri “injifachuufi injifatamuu” bakka waliin walitti hidhama. Haalli kun akka namniifi lafti adda hinbaane, dubbarreen ‘lafaafi lafee, lafti keenya lafee keenya’ jedhu bahee mul’atu taasise. Dhimmi kun qorannoo kana keessatti yaadrimee ‘waltarreefi walooma’ jedhuun ibsameera. Kunis, dhiibbaan sirnoota darbanii namaa-lafa waloon gabroomsuu wiirteffachuu agarsiisa. Falmiin Oromoon sirnoota moototaa irratti taasiseenis gaaffileen lafaa dhihaachuun qabeenyummaa qofaaf osoo hintaane, hariiroo dhaloota jidduu jiru fufsiisuufi. Asafaa (2021) seenessama ‘Hara Qooqaa’ ilaalcha xinqe’ee sabaan (ethnoecological perspective) ibseen hariiroo namaa-lafaa keessatti yaadrimeen lafaa akkuma Afrikaanota biroo Oromoo birattis biyyee qofaan kan ibsamu miti. Dacheen qabeenya irra jiru mara dabalata. Kun immoo dhaloota du’eefi jirullee waanta’eef dhimma namaati. Warqinaan (2010) dacheen kan dhaloota lufee, ammaafi egeree ta’uu afoolaafi raagamtaa Oromoorraa yaadrimeesseera. Yaadrimee “waltarreefi walooma” qorannoo kana keessatti dhihaateenis, falmiin namaa-lafaa gabrummaa koloneeffattootni fidaniin ‘saaminsa lafaatiin buqqaatiin uummataa’ mul’achuu akeeka. Namaafi lafa isaarratti seeronniifi labiin bahuun sarbamni namaafi saaminsa lafaa dhufe (Makuriyaa, 1996; Mohaammad, 1996). Keessattuu Oromoon Tuulamaa gosoota buqqaatii kanaaf saaxilame keessaa tokkodha (Asafaa, 2015). Kanaaf, dammaqinsaafis ta’ee sabboonummaa Oromoo keessatti hariiroon bakkaa (placeattachment)fi miirri bakkaa (sense of place) iddoo guddaa qaba. Isaan kun immoo yaadannoo hawaasaa yookiin waloo uuman.

Hariiroon sabni tokko lafa isaa waliin qabu yaadannoo gaariifi yaraa uuma. Loowi (1992) hariiroo bakkaa keessatti walitti hidhaminsi gosa/sanyiifi lafaa cimaa ta’uu agarsiisa. Ruqoota gurguddoo sadiitti qoode keessaa tokko ruqoota hawaasummaa ta’ee hariiroo bakkaa hidda dhalootaan walitti hidhaminsa maatiifi sanyii jidduutti bifa seenaan mul’atan ibsa. Ruqootni lammaffaa Loowi (1992) ibsu kan qabeenyummaa (materiala spect)ti. Inni kun lafarraa buqqa’uun lafa dhabuufi diigumsa sabaafi gosaa mudatuun hariiroo bakkaa ibsamudha. Diigumsiifi buqqaatiin kun karaa baay’een dhufa. Godaansa, qubannaa haaraa, dhukkuba, guddina magaalaan lafa babal’ifachuu fa’i. Ruqoota kana keessatti lafa dhabuun, buqqa’uufi diigumsi sabaa ykn gosaa hariiroo bakkaa namaa-lafa jidduu jiru mul’isa.

Yaadannoon lafa haaraa qabaachuufi lafa ofiirraa buqqa’uu muuxannoo Oromoo keessa jira. Oromoon sochii jaaraa 16ffaa taasiseen gosaan lafa qabachuufi jiloota garaagaraan abbummaa lafaa mirkaneeffachuun mul’ateera (Arneesan, 1996; Bilaakheerti, 1996; Tasammaa, 2021). Haala kanaan lafti sabni tokko qabatu yaadannoo gaarii qaba. Kanas dhalootaa gara dhalootaatti

daddabarseera. Faallaa kanaan lafa isaarraa qaamota aangoo qabaniin(weerartootaan) buqqa'uun immoo yaadannoo yaraa uumeera (Asafaa, 2021). Keessattuu buqqaatiin kun dhabinsa lafa jilaa fideera. Ruqoota illeenya/amtanii keessatti sirni uumaa (cosmology) safuu, amtanii, raagamtaa wiirteffachuun hariiroo bakkaa agarsiisa (Loowi, 1992). Hariiroon kun addunyaa kana keessatti caasessama teessuma lafaa agarsiisa. Akka itti fayyadaminsa lafaa aadaa Oromooti lafa reerii, dheedii, qonnaa, ardaa jilaa... qoodama (Warqinaa, 2010). Gammachuufi Aneessaa (2019) caasessamni bulchiinsa siyaasaa Warra, Shanacha, Hollaa, Reerii, Dheedii, Gadaa, Shanan Gadaa (Gumii Gaayoo), Abbaa Muudaa... jechuun Oromummaa irratti walitti dhufuu ibsu. Haalli qoqqooddiifi ittifayyadaminsa lafaa kun hariiroo bakkaafi miira bakkaa uuma. Hariiroofi miirri kun immoo yaadrimee lafa dhalootaa, biyya dhalootaa, biyya abbaafi biyya haadhaa uuma (Muraadoviifi kanneen biroo, 2021).

Yaadrimee lafa dhalootaa, bakka dhalootaa, biyya abbaa, biyya haadhaafi sabboonummaa walfaanommii qabu. Qeesaar (1994) sabboonummaa teessuma lafaa (geography) Gamtaa Sooviyeet qorateen walitti hidhaminsi lafaafi sanyii (akaakilee-abaabilee) yaadrimee lafa dhalootaa, biyya dhalootaa, biyya haadhaafi biyya abbaa uumuu ibsa. Haalli kun gara daangaa biyyaalessummaafi miira biyyoomsuufis qooda qaba. Akka inni Wiiliyaamiifi Ismiiz (1983) wabeeffachuun ibsetti,

Associations with the past are central to nationalism's territoriality, for territory is the receptacle of the past in the present. The nation's unique history is embodied in the nation's unique piece of territory—its 'homeland,' the primeval land of its ancestors, older than any state, the same land which saw its greatest moments, perhaps its mythical origins (f. 16)

Akka barruu kanarraa hubatamu daangaan teessuma lafaa sabboonummaa seenaa darbeefi ta'ii ammaa walitti firoomsa. Bakki sabni tokko seenaa addaa itti hojjatu, bakka addaa kan “biyya dhalootaa” ta’ee hubatama. Biyyi dhalootaa kun lafa akaakileefi abaabilee ta’ee, bakki akkasii sirna mootummaan dura jiraachuu malas. Giroosbaayi (2005) gama isaatiin yaadrimee biyya dhalootaa, biyya haadhaafi abbaa ibseen, bu’uurri isaanii “lafa dhalootaa” (native land) ta’uu dhiheessa. Lafti dhalootaa kun bakka saboonni itti uumaman, daangaa biyya isaanii ittiin adda baafataniidhas. Akkasumas, lafti suuressoo eenyummaan nama dhuunfaa garee miseensa hawaasa tokkoo waliin qaban agarsiisuufi qe’ee akaakileefi abaabileen qaroomina itti hojjataniifi dabarsan ta’uun dhihaata. Iddoon maddaa kun karaa fakkoomiitiin hormaata haadhaafi abbaa, abbummaa, haadhummaa waliin walitti dhufa. Kun immoo yaadrimee biyya abbaafi haadhaas uumeera. Yaadrimeen biyya abbaafi haadhaa kun gahumsa hormaataafi seenaa dhalootaa gara dhalootaa ceesisuu ibsa. Lafti dhalootaas ta’ee biyyi dhalootaa gara biyya abbaafi haadhaatti ce’uu danda’a. Ce’umsi aadaafi seenaa karaa lafa dhalootaafi biyya dhalootaa darbu “raawwilee duudhaa” fayyadama. Itti waamamsi biyya abbaafi haadhaa kunis aadaa sabichaafi ilaalcha lafaafi biyyichaaf qaban akeeka. Fakkeenyaaf, saboonni yookiin uummanni “biyya haadhaa” jechuun waamu dhimma aadaa, seenaafi amtanii dhaloota darbee jiruufi jireenya guyyuu uummataa

waliin walitti hidha. Kanneen “biyya abbaa” jechuun waaman immoo lafa dhalootaafi biyya dhalootaa qabeenyaafi eenyummaa akaakileefi abaabilee taasissee hubata.

Qabsoon Oromoos wiirtuun isaa abbummaa lafa dhalootaa ykn biyya dhalootaa ta’uu yaada Mohaammad (2015) Asaffaan (2018) yemmuu ibsu, “In almost three and half of centuries, the Oromo established their homeland that they called ‘Biyya Oromoo’ later ‘Oromia’ even sometimes penetrate into the heart land of Abyssinia by joining the Oromo who were already in there.” Kun waan lama agarsiisa. Tokko, Oromoon lafa dhalootaafi biyya dhalootaa isarra turuufi dhimmamuufidha. Inni lammataa, Oromoofi Absiiniyaan hanga dhuma jaarraa 19ffatti walmorkaa turuufi humna walgitus qabaachaa turan. Kanaan booda, deeggarsa Awurooppaanotaan Absiiniyoononni Oromoorra aanuun lafa dhalootaafi biyya dhalootaa isaa saaman (Asaffaa, 1993).

Kanaaf, qabatama waraqaa kanaan sabboonummaa Oromoo dhimma namaafi lafaan, caalattuu miiraafi hariiroo bakkaan yemmuu ibsu, lafti dhalootaa, biyyi dhalootaafi biyyi abbaa yaadrimee mul’atuudha. “Dacheen” yaadrimee lafa dhalootaa, “lafa Kuush” keessaa immoo “Dachee Oromiyaa, lafa Oromoo, biyya Oromoo” jedhamuun ibsamu lafa dhalootaafi biyya dhalootaati. Oromiyaan immoo biyya abbaati. Haata’umalee, dacheen akka lafa dhalootaatti ce’umsa gara biyya dhalootaa (homeland)fi biyya abbaatti taasifama. Oromoon afoola isaa keessatti dachee, lafa akka dubartiitti waamuun fakkoomii hormaataa dubartiifi lafti qabu agarsiisa. Haata’umalee, “biyya abbaa koo” jechuun kan ibsu immoo akkuma haala sabboonummaa Faransaayyiifi Turkii keessatti argine ce’umsa eenyummaa seenaa gara eenyummaa aadaa lakkoofsa sanyii kallattii abbaatiin himuun akaakileefi abaabilee dhalootatti dabarsuuti. Kanaaf, dursa lafa dhalootaatu biyya dhalootaa ta’e. Biyyi dhalootaa immoo falmii hundee lafa akaakileefi abaabilee isaanii ta’uu agarsiisuuf akkuma sabboonummaa Jaarmanootaafi ce’umsaan booda Faransaayotaa biyya abbaa kan mirmadummaafi jaalala biyyaa gonfachuun dhalootatti dabarsuu qabaate. Oromoonis “Biyya Abbaa” jechuun kan waamuuf birmadummaa biyyaa ibsuufi. Mammaaksi Oromoo “Biyya abbaa koorrattin du’a jettee injiraan moluurratti hafte” jedhu akeektuu yaada kanaati.

Yaadrimee yaaxxina qorannoo kanaa, “Fakkoomii Dachee-Dubartiin”, sadarkaa fakkoomiin lafaafi biyya dhalootaa kan abbummaafi haadhummaan hormaata ibsu yemmuu ta’u, biyya Oromoo, Oromiyaa, dachee Oromoo jechuun yemmuu ibsaman immoo yaadrimee biyya dhalootaa gara “biyya abbaa”tti ce’e ta’ee, kan birmadummaa isaa galmaan gahuuf falmamuudha. Waanti asitti hubatamuu qabu, sadarkaa dacheetti iddoo dhaloota sabichaa kan akeeku malee, sadarkaa biyyaa, biyya abbummaatti hinfudhatamu. Biyyi abbaa yemmuu sabichi birmadummaan lafaafi biyyichaa ibsuudha. Birmadummaan kun immoo kaayyoo siyaasaa illeenya Oromummaan yayyabameen yemmuu galma gahuudha. Oromiyaan akka uummata sabummaan ibsamu tokkootti, mootummaa naannoo mataa ishee, asxaa, faaruufi caalatti daangaa mataa ishee qaba, biyya abbaa jedhama. Haata’umalee, yaadrimee biyyoomsuu ammayyaa guutuufi gaaffileen belbeltuun sabaa deebii barbaadan jiraachuun akka lafa dhalootaafi biyya

dhalootaa (homeland) ibsamaa jira. Kun immoo yaadrimeefi ibsa “biyya haadhaa” waliin walfakkeessuu mala. Qorannoo kana keessatti dacheen akka lafa dhalootaa, biyyi/naannoon Oromiyaa akka biyya abbaatti hubatama.

XINMALLEENIIFI YAAXXINA QORANNICHAA

Malleen Qorannichaa

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa asoosamoota Oromoo filataman keessatti hariiroo Oromoon lafa isaa waliin qabuufi gahee dammaqinsa uumuufi sabboonummaa cimsuu akkamitti akka mul’ate agarsiisuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf saxaxni qorannoo akkamta hojiirra ooleera. Ragaaleen madda jalqabaa hafee asoosamoota filataman irraa, kan lammaffaa immoo ragaa qabatamoo hawaasummaa, siyaasaa, seenaafi aadaa irraa sakatta’a dookimantiin walitti qabamaniiru. Ragaaleen qorannoo madda jalqabaa tooftalee ogbarruu xiinxaluuf gargaaran akka bakkabuusaa, aguuggii, fakkoomii, waldubbisaafi firoomina hafeen walitti qabaman galumsa hafeen xiinxalaman. Ragaaleen kunneen seenessamaafi qabiyyee hafee asoosamaa wiirteffatan. Kanaaf, malli iddatteessuu dhimma itti bahames mala miti carraa keessaa akkayyoon asoosamoonni lama: “Godaannisaa”fi “Yoomi Laataa?” filatamaniiru. Ragaaleen qorannoo kanaa yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartii bu’uureffachuun xiinxalaman. Yaaxxinni xabboo/jeebanaa kun qorannoo kanaaf kan uumame ta’ee walatarrummaafi walooma dacheefi dubartii, dhalootaafi lafa dhalootaa agarsiisuuf dhimma itti bahame.

Yaaxxina Qorannichaa: Yaaxxina Fakkoomii Dachee-Dubartii

Yaaxxinni Fakkoomii Dachee-Dubartii yaaxxina xabboo qorannoo ittiin guuttannaa Digirii falaasamaa Ogbarruufi Fookloorii Oromoo kan ‘sabboonummaa Ogbarruu Oromoo’ irratti xiyyeeffateef uumame. Kaayyoowwan qorannichaa keessaa tokko dhimma qorannoo waraqaa kanaati. Yaaxxinni kun aadaa Oromoo keessaa kan yaadrimeeffame ta’ee, karaa dubartiifi dacheen eenyummaa Oromoo, keessattuu sabboonummaa Oromoo ogbarruufi aadaa keessatti qorachuuf mijachuu isaatiini. Keessattuu qabatama waraqaa kanaan waloomaafi waltarrummaa “namaa-lafaa” agarsiisuu danda’eera. Fakkoomiin isaatiin dubartiin dhalootaan, dacheen immoo aadaafi beekumsa lafa kanarratti sabichi kuufatedha. Hojiirra oolmaa isaatiin immoo hariiroo akka wiirteffachuun “waloomaafi waltarrummaa” ilmoo namaa jidduu jiruufi ilmoo namaafi lafa jidduu ture, jiruufi jiraachuu qabu, dhiibbaa hariiroo akkamaleen (unjust) dhufe ogbarruu Oromoo keessatti agarsiisa.

Ka’umsi yaaxxina kanaa yaaxxina dubartummaaqe’ee (Ecofeminism) irraa ta’ee, miidhama dubartiifi uumamaa qofa osoo hintaane, kan dhala namaa hundaafi uumama yookiin dachee kanarra kan jiru qorachuu hammata. Dubartummaanqe’ee irraa jalummaan dubartiifi uumamni olaantummaa dhiirotaafi impaayeraan miidhamuu ibsa (Maarchant, 1996). Yaaxxinni Dachee-dubartii immoo miidhamni dubartii dachaa ta’uu haaluus baatu, hakuuccaan sabummaa wiirteffatu kan dhala namaa mara ta’uu amanuun, yaadrimee ‘waltarreefi waloomaan” ibsuu filata.

Yaadrimeen waltarreefi waloomaa kun tokkoon dhiibbaa dhala namaafi uumama biroorra gahu falmuu, karaa biraa waloomni immoo qooddii koorniyaan ala waloos hachuucmaa kamuu falmuudha. Akka warri ‘Dubartummaa’ falman, dhiibbaan dubartootaa sabuma tokko keessattiyyuu dacha ta’us, dubartootni masaanummaafi diinummaa dhiirota waliin qabaachuun rakkoon isaanii akka hinfuramne amananiiru keessattuu dubartummaa Afrikaatiif (Neeyimikaa, 1997). Kanaaf, rakkoo hawaasa garee tokkoo furuun furmaata waraawaa saba tokkoo ykn biyya tokkoo ta’uu hinmalu. Akka ilaalcha Fakkoomii Dachee-Dubartiitti rakkoon dubartootaas ta’ee sabummaa irratti dhufan kan waloo ta’uu amanuufi furmaatni waloos barbaachisaa ta’uu akeeka. Kanaaf, miidhaan dubartootaas ta’ee kan sabaa waloos furuuf yaadrimee waltarrummaa, qaamni furummoo qooddii koorniyaan ala ta’uun walooma mirkaneessa. Sababni isaa immoo miidhaan dubartootaas ta’ee sabaa impaayera irraa ta’uu qorannoon ni akeeku. Fakkeenyaaf, Kuwee (1997) miidhaa dubartoota Oromoo ibsite keessatti ka’umsi ‘sirna irraa jalummaa’ kolonii Absiiniyaan dhufe ta’uu amanti. Kanaaf, rakkoo dubartootaa qofaatti furuun rakkisaa ta’a. Rakkoo Oromoon akka sabaatti qabu furuun gamisaan rakkoo akka gareetti uumameef furmaata kenna. Kanaaf yaadrimeen ‘waltarreefi waloomaa’ ijoosha. Yaadrimeen kun tokkoon sabniifi lafti isaa waliin miidhamuu, sabni hachuucame dhiiraafi dubartiin waloos gabroomuufi qaamni miidhame kunneen waloos akka bilisoomuu qabanis amana.

Yaadrimeen Dachee-Dubartii fakkoomii dacheefi dubartii waliin ibsuu keessaa dhufe (Maarchant, 1996; Ashannaafii, 2014). Kunis, lameeenuu mallattoo hormaataa ta’uu isaaniiti. Gahumsi hormaataa kun immoo dirree itti wal’aansoon impaayerootaa raawwatu ta’eera. Haala kanaan dacheefi dubartiin dhimma lafaafi namaa waloos agarsiisuun yaaxxina kana hundeessuuf bu’uura ta’e. Aadaa Oromoo keessatti dacheefi dubartiin fakkoomii waloo qabaachuu qorattootni ibsaniiru (Kuwee, 1997; Osteetoo, 2009; Warqinaa, 2010; Dirribii, 2016). Keessattuu Warqinaan durduriifi raagamtaa Oromoo irraa akka yaadrimeessetti Waaqni abbaan, Dacheen immoo haadhaan fakkeeffamu. Kuwee (1997) dubartiin hormaataan ibsamuufi karaa Siinqeen jaarriyaan mirga isaanii eegu uumamuu ibsiti. Osteetoo (2009) wayyummaa galumsa dubartii Arsiin ibsame keessatti ‘gahumsi hormaataa’ mallattoo kabaja isaanii ta’uu agarsiisa. Dacheenis haaluma kanaan fakkoomii hormaataa qabdi. Haata’umalee, Asoosamoota Oromoo keessatti wiirtuun jaargochaa dhimma dubartiifi dachee ta’uun akka fakkoomiin hubatamuu qabu akeeka. Haala kanaan dubartiin riqicha dhaloota oomishuufi kunuunsuuf qooda guddaa qabaachuun akka dhalootaan ibsaman, dacheen immoo aadaafi beekumsa dhaloonni kun lafa sanarratti kuufate qaba. Haala kanaan falmii eenyummaa keessatti karaa dubartiin dhalootaaf, karaa dacheen immoo beekumsaafi aadaa eeguuf falmama. Amma asoosamoota Oromoo beeknutti, wiirtuun jaargochaa, waldiddaafi dhaamsa Asoosamoota Oromoo dhimma dacheefi dubartii ta’uun akeektuu dhimma olitti ibsamee waan ta’eef qorannoo kanaaf yaaxxinni kun uumameera.

XIINXALA RAGAALEE

Gahee hariiroo bakkaa walitti dhufeenya hidda dhalootaa gidduutti cimsuufi dammaqinsa uumuuf qabu

Mataduree kana keessatti karaa namfakkiileen hariiroo namaa- lafaatu ilaalama. Hariiroon bakkaa hidda dhalootaa akkaataa maatiin, gosti, warri, akaakilee-abaabileen lafa tokko itti hubatan, yaadatan, walitti dabarsaniifi danqaa uumame itti yaadataniifi falman, dammaqinsa hariiroo bakkaa irratti dhaloota gidduutti uumamutu asoosamoota filataman keessatti xiinxalame.

“Godaannisa” keessatti walitti dhufeenyi dhalootaafi lafa isaa jidduu jiru cimaa ta’uun karaa namfakkiileen mul’ateera. Aguuggii (metonymy) gargaaramuun namfakkii goobangaleessa akka seenessaafi xiyyeeffataatti tajaajilchiisuun namoota yaadannoo injifachuufi injifatamuu qaban lamaan (Soolan Disaasaafi Birasaaw Mollaa) walbira qabuun dhiheessa. Namoota dhuunfaa kanaan garee hawaasa isaan bakkabu’an dhiheessuun (qaama murtaawaa akka qaama guutuutti) agarsiise. Yaadni kun bakkabu’ummaa namfakkiiwwan Itoophiyummaafi Oromummaa irratti qaban Asoosama “Yoomilaataa?”fi “Kuusaa Gadoo” keessatti Tafariin (2015) agarsiiseen walfakkaata. Ciminni hariiroo namaa-lafaa immoo hanga du’aatti lafa dhaloota dhufutti dabarsuuf yaaliin taasifamu karaa seenaa Abbaa Abdiisaa, Soolan Disaasaa, nimul’ata. Soolan Disaasaa lafa isaa *Ciqaa-shuumiin* irraa fudhachuuf yemmuu isa dadhabsiisu warreen kanneen lafa isaa irratti ajjeesuun mana isaa keessatti of fannisee wareegame. Qabiyyeen hafees seenessama kana cimsa (Dhaabaa, 2020, f. 8)

Lafa warri keenya irratti hafan, lafa handhuura irratti buufanne-lafa irraa nyaannee irraa dhugnee, irra taphannee guddanne ormaaf laadhee hintaa’u’ jedhee utuu ciniinnatee falmuu, Biilaadhaa hanga Finfinneetti magaalaa daanyaan buufate cufattu utuu marmaaru, dhuma irratti harka duwwaa hafe. Lafti isaa nafxanyaa ciqaa-shuumii, Birasaaw Mollaaf raggaasifame.

Akka hafee waraabame kanarraa hubatamu Soolan Disaasaa falmii lafaatti qabeenya isaa fixate. Lafti kun immoo kan abbaafi akaakilee isaa ta’uu “lafa warra keenyaa”, “lafa handhuuraa” jechuun ibsa. Lafti warraas ta’ee, lafti handhuuraa abbummaa agarsiisa. Karaa seeraan lafa warra isaa deeffachuu waan dadhabeef lafa kana irratti humnaan mana ijaaruun dirqame. Kunis, akkuma inni warra isarraa dhaale, ijoollee isaatti xiiqqi dabarsuuf hanga dhumaatti falmuufis ta’uu agarsiisa. Karaa seenessama kanaan yaalii ijaarsa biyyaaf Oromoon taasisaa ture akeeka. Lafti kun lafa irra jiraatan, lafa handhuurri isaanii itti awwaalame, irra taphatanii guddataniidha. Kanaaf, karaa seenaa Soolan yaadannoon waloo kan maatii maraa ta’eera. Soolan Disaasaas lafa kana ijoollee isaatti dabarsuuf dirqama waan qabuuf karaa seeraa, booda karaa humnaan mana lafa isaarratti ijaare. Kun ‘mala ittisaa’ humna ykn waraana gargaaramuuti. Kunis, dhalootaafi lafa isaa jidduu qaawwi akka hinseenneef taasifame. Kun immoo amala sabboonummaa ‘biyya abbaa’ qaba. Giddu seentummaan namaa karaa illeenya liqimsaan ykn gosagaloommiin (assimilation), kan lafaa immoo karaa imaammata lafaan dhufe. Diddaan lafa dabarsanii kennuus walumaan dagaage.

Yaadni kun qabiyyee hafee asoosamaatiinis mul’ateen, imaammata lafaa Minilikii hanga H/Sillaasee ture akeeka. Minilik lafa qonnaan bulaa Oromoo irraa fuudhuun nafxanyoota naannolee bulchaniif kennuun sirna ‘qalaadiifi gaashaan’ akka bulu taasifame. Qonnaan bulaan

raawwatoota sirna nafxanyaaf akka tajaajilan ta'an. Sirni mootii Gonfoo H/Sillaasees lafti abbootii lafaaf akka kennamu, qonnaan bulaan isaanii harka afur keessaa sadii akka kennu taasise. Booda immoo imaammata lafaa abbummaa dhuunfaa raggaasisuun gibira kanfaluun abbaa lafaa akka ta'an taasise. Gibirri kanfalamu kun immoo humna qonnaan bulaa ol waan ta'eef irraa buqqa'uuf dirqaman (Tasammaa, 1996; Paa'useewaangi, 2009; Mohaammad, 2009). Haalli kun lafaafi biyya dhalootaa isaarratti hawaasni dhalootaan achi ture abbummaa lafaa dhabe. Egaa, Soolan Disaasaa buqqa'insa maatii isaa kana taa'ee ilaaluurra karaa seeraas ta'ee humnaan falmuu malee harka kennachuu dhaloota hinbarsiisne. Yaadannoo wareegamaas uume. Yaadannoon hawaasaa karaa Maatii Soolan Disaasaan mul'ate kun dhaloota jidduutti hariiroon bakkaa akka jiraatu kan taasisu yemmuu ta'u, dammaqinsa hawaas-siyaasaaf ka'umsa. Dammaqinsa Abdiisaaf ta'iin abbaan isaa raawwate yaadannoo hindagatamne ta'eera.

Akkuma maqaa isaarraa hubatamu sirni nafxanyaa sirna humna qawween bulchu waan ta'eef Soolan Disaasaas mo'atamee hingalle. Soolan Disaasaas kana waan beekuuf dursee tarkaanfii fudhachuu danda'u raawwate. Seenessaan, ija ramaddii tokkoffaafi hunda beekaan yaadicha yemmuu ibsu:

Dhaqee mana citaa irratti ijaare-abbaan koo. Oduun isaa battaluma ciqaa -shuumii, Birasaaw Mollaa, bira gahe. Yeroo Birasaaw nacci-labaashota lama fudhatee abbaa koo qabsiisuuf itti qajeelu, inni immoo karaatti riphee eeggatee eeboo itti gad lakkise. Eeboon abbaa koo sarbaa Birasaaw keessa darbee lafa waraane. *Nacci-labaashonni* lameen lubbuu baafachuuf ofirra deebi'anii baqatan. Namoonni garii *ciqaa-shuumicha* dhiigaan laaqame, madaa isaa hidhanii, wasaasa baatanii gara magaalaa Biilaatti deebi'an. Kaan hedduun immoo abbaa koo hidhanii-xagaranii fiduuf *nacci-labaashota* hordofanii gara warra isaa durii- bakka inni mana itti ijaarratetti qajeelan. Yoo achi ga'an garuu seenaan xumuramee isaan eege. Abbaan koo mana haaraa ofii ijaarrate keessatti ofarraasee argame. Abbaan koo du'ee utuu wagga tokkollee hinguutiin, lafti qonnaan bulaaf labsame. Mootummaan is ni jijjiirame (Dhaabaa, 2020, f. 19)

Seenessaafi namfakkii xiyyeeffataan lafti abbaa isaa akkamitti akka *ciqaashuumii* irraa fudhatameefi kufaatii sirna Mootii Gonfoon booda karaa sirna Dargiin lafti biyya dhalootaa saba Oromoo kun fudhatame dhiheessa. Sirnoota lamaan keessattuu lafti dhalootaa Oromoo saamameera. Isa duraa keessatti harka nama dhuunfaa, isa boodaa keessatti immoo mootummaan to'atame. Ta'iin barruu kalaqaafi seenaa qabatamaa walsimsiisuun dhihaate haala sirna Mootii Gonfoo H/Sillaasee kan wiirtuun qabsoo dhimma "lafaa" ta'e akeeka. Yeroo kanatti qonnaan bulaan sarbama eenyummaatti dabalatee lafa isaarratti hojjatee of hinjiraachisu. Raawwatoota sirnichaaaf hojjata. Oromoon garbichaa fi garbittii qaamota sirnicha raawwachiisanii ta'eera. Seenaan kun ija nama tokkoffaan kan dhihaate yemmuu ta'u, muuxannoo waloo hawaasaa qabatamaa taasisuuf fayyadame. Seenessaan (xiyyeeffataadhas), namfakkiin goobaangaleessi hidhata seenaa abbaa isaarraa dhaale hima. Kanaaf, seenichi dhaloota dhufutti lufuu agarsiisa. Lafa, qe'ee warra isaa kan handhuurri isaanii itti bu'e dhaloota dhaalchisuuf hanga wareegama lubbuutti kanfalametu dhaloota dhufuuf darbe. Kun immoo yaadannoo waloo maatiifi gosaa

ta'eera. Yaadannoon kun immoo dammaqinsa maatiifi gosaa uume. Ragaaleen kunneen Asoosamoonni Oromoo akka baattuufi dabarsituu yaadannoo ta'uun tajaajiluu agarsiisa.

Hafee waraabame kanarraa qabxiileen ijoo hubataman yaaliin dhalootaafi lafa isaanii addaan kutuuf karaa seeraafi humnaan raawwatameefi falmiin hariiroo bakkaa tursiisuuf taasifame mul'ate. Imaammanni lafaa hojiirra oolaa ture kan qonnaan bulaa dhaaluufi laficha waliin gabroomsuu, booda keessa immoo karaa seeraan lafa qaamota sirnichaaf hojjatan jala galchedha. Qonnaan bulaan gibira humnaa olii kanfalu dadhabuun dirqamee lafa isaarraa buqqa'e. Kanaaf, walfalmiin qaamota lamaan jidduu jiru dhalootaaf darbuun kun madda dammaqinsa siyaas-hawaasummaa uumeera. Falmiin akkasii jiraachuun jijjiirama sirna mootummaa fideera. Du'a Soolan Disaasaan booda lafti qonnaan bulaaf raggaasifame. Bu'aan jijjiirama kanaa falmii namoota akka Soolan Disaasaa kan dhaloota xiiqii dhaalchisan, gabrummaa osoo hintaane, diddaa gabrummaa dhaloota barsiisaniidha. Sansakni namfakkii kanaa ofumeerra, seenaa dhalootaaf kan jiraate ta'uu akeeka. Lafa akaakilee-abaabilee irratti mana ijaaruun keessatti du'uun tokkoon falmii abbummaa kan bu'aa qabsoo dhaalchifame mul'isa. Kun immoo wiirtuu sabboonummaa biyya abbaati. Karaa biraa, bakkabu'ummaan manaa ijaarsa sirnaa dhaloonni dhiibbaa keessa taa'ee ijaaree walitti dabarsedha. Kun immoo sabboonummaa Oromummaarraa madde akeeka. Haala kanaan hariiroon bakkaa maatii hanga dhaloota akaakilee-abaabileetti darbu akeektuu yaadannoo hawaasummaa kan dammaqinsa falmii eenyummaa dhale uume. Sababni, namfakkiin asoosamootaa garee bakka bu'an waan qabaniif karaa namfakkiifi maatii namfakkii yaadannoon hawaasaa dhihaate.

Falmin bu'aqabeessi yemmuu dhabamu komiin dhalootaa nijiraata. Dhaloonni lufee fi dhufu dhaloota ammaa gaafata. Seenaan akaakilee-abaabilee baduun ittigaafatamummaa bahu dhabuu dhaloota ammaa irraa dhufa. Dhaloonni ammaa ittigaafatamummaa kana yoo hinbaane, hariiroo akkamalee uumuun yoo dhaloota dhufuuf riqaa hintaane, lafaafi lafee dhaloota dhufu yoo hindhaalchisne dhaloota hidaa ta'a. Dhaabaa (2020, f. 422-23):

...siree irra otuu hintaane, hallayyaa qiliilee lafeen namaa akka qoraanii keessa tuulame keessan ciisaa jira. Ededni hallayyichaa dhagaa haaltaadha, muka qabatan hinqabu, dheerinni isaa samiitti ejja. Tuullaa lafee sana keessaa bahee baqachuuf jedheen, hafuura kukkutataa ededa dhagaa sana yaabbachuu jalqabe. Garuu, yeroon xiqqoo olhiiqu sigigaadheen tuullaa lafee sana irratti kufe. Akka waan ani namoota lubbuqabeeyyii irratti lafa dhaheetti sagaleen aadmaafi gadadoo baay'een na jalaa dhaga'ame. Yeroon ofjala ilaalu lafeeledhuma sanan arga. Garuu, sagalee namaa baay'ee qabu. Ni aadu, ni gadadamu. Baqadhee jalaa bahuuf jedheen ammas deebi'ee ededa hallayyaa qilee sana qeensaan hanqooqaa koruutti ka'a... 'Dammaqi siin jedhe! Ija kee banadhuu na ilaali!' Fala meeqaan yeroon ijawwan koo saaku, jaarsa raage, kan gateettiin quura'etu fuuldura koo dhaabata.

Hafee kana keessatti "lafee namootaa, lafee caccabaa" dhimma ijoodha. Hiika kallattii lafee haftee yookaan qaama nama du'ee kan foon irra hinjirreedha. Lafeen iddeessaan/bakkabuusaan

ibsame immoo seenaa dhaloota jidduu jiruudha. Lafeen caccabee hallayyaa qilee keessa jiru kun lafasaarraa buqqa'ee dhumeedha. Dhumaatiin kun immoo ittigaafatamummaa dhaloota ammaa qaba. Keessattuu namoota dammaqinsa hinqabne, hirriba keessa jiraniif dammaqinsa uuma. Abdiisaan Soolanis kanaan booda hariiroo akkaatti deebi'e. Dhimmi biraa hallayyaa qilee keessatti darbatamuudha. Hallayyaan kun bakka mijaa'ina hinqabnedha. Bakka kanatti gadadamaafi aadmaa walirraa hincinne keessa jiraatama. Kanas kan arge jaarsa raage, rifeensi arrii ta'edha. Gaaffiin jaarsa raagaas dhaloonni ammaa rakkoo kana beekuu dhabuu, ofdagachuu, ittigaafatamummaa bahu dadhabuu isaanii komata. Isaan kana keessaa Abdiisaan Soolan tokkore. Faallaa kanaa abbaan isaa, Soolan Disaasaa lafaafi lafee isaa dabarsee dhaalchiseera. Lafa isaa irratti aarsaa warreen kanfalantu lafee caccabee qileetti nam'e, dhugaan ala dhuman, falmii eenyummaaf wareegamaniidha. Haala kanaan hariiroon bakkaa, karaa biyya dhalootaa eeguu dhabuun komatamuu yookiin eeguun seenaa dabarsuun dhaloota jidduutti walitti hidhaminsa uuma. Dhaloonni lafaafi lafee akaakileefi abaabilee akka kunuunsu, dhaloota dhufuuf dabarsutu irraa eegama. Soolan Disaasaa lafa isaarratti aarsaa kana kan kanfaleef lafee akaakileefi abaabilee isaarra ciisuu, ejjachuurra lafee kanatti dabalamee jira.

Akkuma hafee asoosama "Goodannisaa" firoominni hafee asoosama "Yoomi Laataa?" keessatti mul'ateera, hariiroon bakkaa lafaafi dhaloota walitti hidhu ibsameera. Karaa seenessaa xiyyeeffataan firoomina hafee alaa yookiin alasoosamaa seenessama kalaqaa keessatti gargaarame. Kaayyoon kanaas falmii waa'ee abbummaa lafaafi biyyaati. Seenessaan danooma yaadaa keessummeessuuf haala moggaasa Harar kallattii garaagaraa lamaan jiru dhiheessuun ibse. Tokko ragaan uummata Adaree (Hararii) irraa argame, 'hafee hawaasa keessaa waraabameen' Harar, jaarraa 10ffaa irratti Araba Kibbaarraa Sheek Abaadir hordofoota isaanii fudhatanii dhufanii ganda hundeessan Harar jedhanii moggaasuun baroota 1550-1560'oota gidduutti bara Amiir Nuur Ibin Al Waaziir Mujaahid gimbii Harar ijaaruu ibsuufi kallattii qorannoo Oromoon immoo maqaan Abaadir sirriin Umar A Riidaan bara 1234 biyya Yeman irraa namoota 44 ofduukaa buusee Hijiraa Nabii Mahaammad booda magaalaa Harar yemmuu galu Odaa Bultum irratti Abbaa Gadaa kan ture, Dagaal Goobanaa jedhamuun kan waamamu, maqaan isaa Har har Hargeyaa jedhamu turuu ibse (Isaayyaas, 2010, f.15). Seenessaan yaadolee kanneen amansiisuuf eenyummaan Har har Hargeyaa gosa Oromoo xiqqaa Alaa jedhamurraa dhufuu ibsuun ragaa qabatamaa (nonfictional text) kennuufi.

Akka seenessaan (f.16) barruu Abbaa Baahiree caqasuun ibsetti, gosti Maayaa tifikatee bulaa kan ture, xiyya summii qabuun kan tajaajilamuufi Oromoota ta'uu akeeka. Nooleen Hararitti dhihaatanii argaman haroon tokkoofi magaalaa Haroo Maayaa agarsiistuudha. Dabalataan, gosa Oromoo Harargee keessa jiraatan keessaa Abboonyiifi Warra Maayaa jaarraa 16ffaa dura gosa naannoo kana qubataniiidha. Firoominni hafee haala moggaasa maqaa lafaafi gosaa falmii abbaa lafummaa sabichaa agarsiisuuf dhihaate. Kunis, moggaasni lafaafi gosaas hariiroo qabaachuu mirkaneessa.

Egaa, asoosama seenaa kana keessatti kan dhihaate ragaaleen kallattii uummata Adaree (Hararii)fi Oromoo walbira qabuun ibsame keessaa dhimmi ijoo qorannoo kanaa maqaan dhalootaa (gosaa)fi lafaa walitti hidhachuudha. Maqaan namaa ‘Harhar’fi Harqeyaan kallattiin Harariifi akka waliigalatti immoo Harqeyaa irraa Harargeen firoomina akka qabu agarsiisa. Kanamalees, maqaa gosaa “Maayaa” irraa haroon jiruufi moggaasni maqaa “Haromaayaa” mul’achuun, maqaan ona uummatichi irraa jiraatuu (godinootaa) “Harargee” eenyummaan hawaasaafi lafaa walitti hidhachuu agarsiisa. Yeroo ammaas magaalaan ‘Maayaa’ jedhamu hundeeffamuun qaama haaromsa seenaa kanaati. Egaa, haala kana bu’uureffachuun seenessaan magaalaan dhaloota akaakileefi abaabilee Siintolinnaa kan taate, Harar, jaarraa 10ffaa irratti Arab kibbaa irraa kan dhufan, Sheek Abaadiirifi hordoftoota isaan qubatanii gandii hundeesan Harar jedhan” (Isaayyaas, 2010, f. 15) jechuun jalqaba.

Qorannoon akka agarsiisutti, hariiroo Oromoofi Amiirota Hararii jidduu ture qabata jagooliin qabiyyee magaalaa Harar kan Hararii taasisuuf yaaliin akka jiruufi garuu immoo maqaa “Marar” biyya Dirree jedhamuun beekamuu akeeka (BATO, 2016). Kunis, seenaa durii keessatti lafti Sulula Hawaasii (Awaash) qabatee hanga Baabbilee darbutti jiru Dawwaaroo jedhama. Lafti jidduu kanatti argamuufi kan biraas dabalatee jiran dur “Marar” biyya Dirree jedhamuun beekama. Kanaanis, maqaan Hara jedhu jecha Oromoo Marar jedhurraa dhufe. Kanaaf, maqaan Harar jedhu dhawata Harargee akka ta’eefi Marargeetaan jallatee Harargee jedhamuu akka hinoolle ibsa (f. 412-13). Ka’umsi ibsa kanaa immoo hojii Richaard Buurton (1973) barreesse wabeeffachuun magaalaan immireetotaa, Harar, jedhamuun beekamtu lafa Dirree Marar jedhamtu, kan Daakar kan taate, Dawwaroo asilii ta’uu ibsa. Seenessaan asoosamaas Harar dura giddugala Mootummaa Sulxaan kan turte bara Gadaa Har har maqaa addaa Daakar Goobanaa jedhamtee waamamtudha (Isaayyaas, 2010, f.15). Barruu kanarraa kan mul’atu karaa lamaaniin maqaan Harargeefi Harar jedhu maqaa Oromoofi lafa isaarraa dhufuudha. Maqaa gamoo (dallaa) Jagool waliin qabiyyeen Harariif (Adaree) Harar kennuun mul’ateera. Kanaaf immoo barbaachisummaan ijaarsa dallaa kanaa maaliif akka ta’e Taabor (2015, f. 503) ibseera.

Jiraattotni Harar bahaa Ittuu, Aniyaa, Afran Qal’oofi Harariidha. Afran Qal’oo tuuta gosoota afurii yoota’an, isaanis, Baabbilee, Jaarsoo, Nooleefi Aniyaadha. Bara 1559 Sulxaanni Adaal waraana Oromoo wajjin wallolee akkuma mo’ameen Amiiir Alii Nuur Oromoo magaalaa Harar irraa ittisuuf naannoo sana dallaadhaan dalleessee uummanni Hararii achi keessa jiraachuu ittu fufan, magaalaan Harar Gaanfa Afrikaa keessatti wiirtuu daldaalaa taatee daldaaltota Galaana Diimaafi sulula bishaanii Edan wajjin quunnamtii guddaa gochaa turte. Harar bara 1855 (A.L.A) waggoota dhibba lamaaf, osoo Misiriin hinweeraramiin, hanga bara 1856’ti mootummaa magaalaa bilisaa taatee sirna Mootummaa Adaree jala bulaa turte.

Asirraa dhimmoonni gurguddoon lama hubatamuu qabu. Tokko, sababni uummanni Adaree (Hararii) magaalaa Harar akka kan isaaniitti hubataniif ijaarsa jagool ta’uufi ijaarsi kun immoo sodaa Oromoo irraa ka’uudha. Kan biraa, Harar giddugala daldaalaa ta’uufi bittaa Misirii jala

turuun, babal'inni amantii Islaamaatiin yaadonni garaagaraa akka uumamu ta'eera. Ka'umsi moggaasa maqaa Hararii (Adaree)fi Harargee karaa biraan mul'atee hin jiru. Gosootni Oromoo naannoo sana jiraatan arfan olitti ibsaman durii kaasee jiraachuu isaanii kanneen Hararii (Adaree) immoo godaanuun dhufuufi damee afaan dubbataniinis seemetikii ta'uun alaa dhufuu sabichaa akeeka. Kanaaf, hariiroon namaa-lafaa Oromoo Ittuu jiraachuun mul'ateera. Kun sabboonummaa biyya abbaa agarsiisa. Qabiyyeen lafa Harargee kan isaanii ta'uufi falmiin maatii Siintolinnaafi Yaadannoo lafa akaakileefi abaabilee isaanii ta'uu akeekeera. Seenessamaafi qabiyyee hafee asoosamaa kanaan filannoon seenaa himuu mul'achuu akeeka.

Hariiroo bakkaafi yaadannoo hawaasaa: Injifachuufi Injifatamuu

Oguma Oromoo keessattis ta'iiwwan kolonii keessoon uumaman akkamitti akka calaqqisan ibsuufi walitti hidhaminsi hariiroo bakkaafi yaadannoo hawaasaa agarsiisuun kaayyoo mataduree kanaati. Qorannoon Ayyalaa (2022) asoosamoota “Yoomilaataa?”fi “Yeburqaa Zimmitaa” irratti agarsiiseen namfakkiiwwan himamsa ijaarsaa (thesis) sadan (himamsa kolonii, himamsa cunqursaa biyyaalessaa, duudhaa guddicha) sirna Itoophiyaa keessa turaniifi jiran bakka bu'u agarsiisa. Kanaaf, hariiroo koloneeffataafi koloneeffatamaa uummata Oromoofi mootummaa Absiiniyaa jidduu jiraachuu ragaaleen ni'agarsiisu (Asaffaa, 1993; Alamaayyoo, 2014). Kutaa kana keessatti asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessatti akkamitti akka mul'atan agarsiifamu.

Asoosamni seenawaan Oromoo, “Yoomi Laataa?”, kan eegalu kolonii keessoo Itoophiyaa kan Absiiniyaan uummata Oromoo dabalatee kanneen kibbaa humnaan biyya “Itoophiyaa” keessatti ijaaruuf abjoote ibsuudhaani. Kun himamsa kolonii seenessuun eegaluu agarsiisa. Ibsi kun hafee seenaa dhugaa fayyadamuun galumsa seenaa kalaqaa Aaddee Taliileefi ilma ishee Jaarraa, abbaa warraa ishee, Obboo Walabummaa, Sintolinnaafi ilma ishee Sandaabaa, abbaa warraa ishee Yaadannoo, walumaagalatti seenaan Yaadannoo Jaarraa Walabummaa ijaaruuf dhimma itti bahe. Ergamni guddaan Teediroos Impaayera Itoophiyaa humnaan tokko godhee ijaaru ture. Karoorri ergama isaanii Habashaa tokko godhuudha. Karoorri kunis fiixaan isaaniif baheera. Kana booda Atsee Teediroos tibba gara Shawaatti duulee Oromoota Walloo, Tuulamaafi Abbichuu akkasumas, isaan kaan waliin lola waraanaa adeemsise irratti gara jabummaadhaan Oromoota kumaatamatti lakkaa'aman fixaniiru... Yohannis 4ffaan meeshaa waraanaa Ingilizii irraa argataniin mootota Absiiniyaa irratti olaantummaa argatan. Minilik Harargee qabachuuf... dirree lola Calanqoo irratti Oromoota waliin waraanni Minilik Mudde 29, 1879 injifatee guutummaa Harargee gabroomfachuu danda'e... Oromoon Arsii bara 1874 Minilikiin qabatamanis jabaatanii biyya isaanii keessaa ari'anii turan. Minilik garuu, humna jabeeffachuudhaan, gara jabummaadhaan harkaafi harma muruudhaan bara 1878 deebisanii gabroomfatan. Oromoon Arsii sana boodas gabrummaa tole jedhee hinfudhanne (Isaayyaas, 2010, f.5-9)

Hafeen seenaa qabatamaa hafee asoosamaa keessatti ijaarame kun seenaa baroota hedduu seenessuun dhiheesse. Sirni kolonii keessoo Itoophiyaa keessatti akkamitti akka eegaleefi miidhaa

uumameen yaadannoon hawaasummaa akkamitti akka dhalate dhiheesse. Lola calanqoo irratti namfakkiin asoosama kanaa “Obboo Walabummaan” wareegamuu ibsa. Kun asoosama barseenawaa (historiographic metafiction) keessatti firoomina hafee kalaqaafi qabatamaa walhunachiisuun dhiheesse. Bu’uurri seenessa kanaas yaadannoo hawaasaa dhaloota jidduu jiruufi lafa isaanii irratti isaan quunname agarsiisuufi. Kun, walitti hidhama hariiroo lafaafi namaa agarsiisa. Leewikaa (2008) hariiroo bakkaa, eenyummaa bakkaafi yaadannoo bakkaa dagataman deebisanii ijaaruu jedhuun qorate keessatti walitti hidhaminsi dhimmoota sadeen jidduu jiru cimaa ta’uufi yaadannoon ilmoo namaa kan nama dhuunfaarra kan hawaasni caasessama akka maatii, hollaa, gosaafi akaakilee-abaabilee jidduu jiru karaa afoolaa, aadaa himamurraa ce’ee dhufuufi haala teessuma lafaan dhalootatti darbaniidha. Kanaaf, karaa seenaa nama dhuunfaan yaadannoon ta’ii calanqoo dhihaate kan hawaasa namfakkiin bakkabu’anii mala iddeessaan dhihaatedha. Kun immoo miira lafa dhalootaafi biyya dhalootaa gara falmii biyya abbummaatti ceesisa. Oromiyaan akka biyya dhalootaatti kallattii kaabaan, bahaafi jiddugaleessaan akkamitti akka kolonii keessa seentee fi hawaasni achirra jiru akkamitti gabrummaa jala akka gale, eenyummaa isaa dhabe ibse. Keessattuu karaa amantii wiirteffachuun akka ibsetti, kaabaan dirqamni amantii kiristaanaa, bahaan immoo amantii Islaamummaa fudhachiisuuf waraanamuu agarsiisa. Yaadni kun kan Mohaammad (1996) ‘masaanuu Oromoo lamaan’ jedhuudha. Masaanuun kunis, kanneen amantii kiristaanaafi islaamummaa dirqamaan uummata fudhachiisaniidha.

Ta’iiwwan lafa Oromoo to’annaa isaanii jala galchuufi namoota achirra jiran gabroomsuu waltarree raawwate. Lola calanqootti wareegamuun walabummaa haadha warraa isaa Aaddee Taliilee kan ulfa ji’a afurii qabdu manatti hambise. Dhufaatii kolonii kanaas tole jedhanii akka hinfudhannes dhiheessa. Seenessaan xiyyeeffata isaan akka ibsetti “Aaddee Taliileen ilma ishee Jaarraa ulfa ji’a afurii turte malee silaa isheenis wajjin duuluuf turte” (Isaayyaas, 2010, f.8). Kun kan akeeku kolonii dhufe uummatichi callisee kan simate osoo hintaane, qabsoo cimaa qooddii koorniyaa malee hirmaachise taasisuu akeeka. Walabummaan yemmuu lolicha keessatti wareegamu, Aaddee Taliileen immoo ulfa waliin qofummaatti hafte. Haala kanaan koloniin kunneen dhiiraafi dubartii waliin miidhe. Haalli kun yaadrimee waltarrummaafi waloomaa mirkaneessa. Haata’umalee, miidhamni dubrtootaa dacha ta’a. Jireenya hawaasummaafi cunqursaan impaayeraan miidhamte. Kanaaf, akka ilaalcha yaaxxina qorannoo kanaatti ‘waltarrummaan’ dhiibbaa dubartootarratti dhufu kamuu loluun barbaachisaadha. Kanamalees, hafee oliirraa dhimma dubartootaafi gahee isaanii agarsiisa. Dirqamni seera uumamaaf malee dubartootni Oromoo qixuma dhiirotaa hirmaannaa qabsoo qabaachuu isaaniif fulcha kaa’e. Karaa biraa, kabaja dubartii ulfaas akeeka. Ulfi madda ulfinaa ta’uu agarsiisa.

Akka seenessicha irraa hubatame gabrummaa namaafi lafaa kan jalqabu haala moggaasa maqaa ture jijjiiruufi haareessuun mijaa’ina itti fayyadaminsaa karaa seeraa uumuufi. “*Ye maaderiyaa mareet, ye samoon mareet, ye sisoo mareet*” (Isaayyaas, 2010, f.9) erga kennameen booda labsii H/Sillaaseen bara 1933/1925 baaseen, “Oromoon gabbaariin tokko nafxanyaa tokkoof erga kennamee booda haayyama nafxanyaa sanaa malee iddoo jiruu socho’uu hindanda’u” (f.10).

Yaaliin maqaa jijjiiruu kun abbummaa haaraa gonfachuuf isaan gargaare. Yaadni kun namniifi lafti isaa si'uma tokko gabroomuu agarsiisa. Haala kanaan yaadrimee gabrummaa “waltarree” namaafi lafaa mul'isa. Haalli kun hariiroon bakkaafi yaadannoon hawaasaa walitti hidhamaa ta'uu qofa osoo hintaane, maddi dammaqinsaa falmii gabrummaa namaa-lafaa ta'eera. Falmiin lafa dhalootaafi biyya dhalootaa gara biyya abbaa deebisanii qabachuuf qabsaa'uu sabaa dhale.

Yaadrimeen gabrummaa waltarree biraa kan mul'atu sababa sirna irraa-jalummaa mootota Absiiniyaan dhiirota jidduuttis ta'ee dubartoota jidduutti uumamuun miidhama waloo akka sabaatti dhufe mul'isa. Xiyyeeffannaan yemmuu dhihaatu:

Sirna Gadaadhaan ofiin ofbulchaa kan ture Oromoon lafti isaa haala kanaan (ye maaderiyaa mareet, ye samoon mareet, ye sisoo mareet) irraa fudhatamee nafxanyootaaf gabbaarii (qottuu) akka ta'u dirqame. Dubartiin Oromoo nafxanyaaf nyaata qopheessiti, qoraan cabsiti. Midhaan daakti. Inni dhiiraa ni qotaaf, gombisaa (gootaraa) midhaan nafxanyichaa keessatti kuufamu hojjataaf. Horii tiksaaf, walumaagalatti hojii nafxanyichi isa ajaju hunda hojjata. Nafxanyaan tokko lafa fudhate sana irraa Oromoota jiraatan yoo barbaade gurguruu, hidhuu, reebuu, ajjeesuufi lafa sanarraa hari'uuf mirgi kennameeraaf (Isaayyaas, 2010, f.9)

Xiyyeeffata (focalization) kanaan kan ibsame lafti iddoo sadiitti seerri itti bahee qoodame, namoota laficha jiraatanis sirna kana jalatti kuffise. Kun gabrummaa waltarree lafaa-namaafi dhiiraa dubartii si'a tokko waliin ibsa. Askeessatti aadaan 'irraajalummaan' dhiirota jidduutti, dubartoota jidduuttifi sadarkaa gitaatti immoo gita gabroomeeffii gabroomse jidduutti mul'ateera. Haalli waltarree kun lafaafi dubartii akka hormaataatti fayyadamuun sabniifi lafti dhalootaafi biyyi dhaloota isaa haalamuun qabsoo biyya abbummaa, lafa akaakileefi abaabileef akka falmu taasise.

Walitti hidhaminsa hariiroo bakkaafi yaadannoo hawaasaa keessatti ta'iin injifachuufi injifatamuu caalatti bakkaafi nama walitti hidha. Tafarii (2015) “After the Oromo lose the battle, their land is confiscated and they become gabars (serfs). Sandaba's father Yaadannoo is one of the many farmers who become serfs of the Amhara landlord Gizachew” (f. 9). Ta'iin injifamuu namaa, mirgi namaa akka sarbamuufi saaminsii lafaa akka uumamu taasise. Dhumni isaa abbummaa biyyaafi lafaa halamuudha. Lolli koloneeffatamaafi koloneeffataa jidduu jiraachuu karaa Yaadannoofi Giraazmaach Gizaachoos bakkabu'ummaan mul'ateera. Akka Alamaayyon (2014) ibsetti kolonii keessoo keessatti falmiin jiru, gareen koloneeffate (mo'ate) ergama qaroomsuuf dhufuufi gareen koloneeffatame immoo eenyummaa isaa dhabuutti hiikuudha. Bakkeewwan yaadannoo injifachuufi injifatamuu keessattis ta'iiwwan mul'atan seenessama garaagaraa qabu. Koloneeffattootni keessoo kun gochaan isaanii sirrii ta'uu, adeemsa biyya ijaaruuf raawwachuu yemmuu ibsan, bakkabu'ummaa koloneeffatamaan kan dhihaate immoo ni falma. Kun himamsa biyyaa ijaaruufi himamsa koloneeffachuu jiraachuu ibsa. Tafarii (2015) yemmuu ibsu:

In Yoomi Laataa? Ras Getaw, like his father, believes that the conquest of Menelik was right and just. Sometimes he says 'we got this land [Oromo land] with our blood' ... In another passage he

talks about the conquered land as '*abatochachin yaqannut Hagar*' ('the land our fathers have conquered') in Amharic (20). The notion of *maqnat* in Amharic is related to subjugation and colonization. *Yaqannut* is the relative form and *maqnat* is the infinitive form of the same verb, *aqanna*, which literally means 'improve, advance, cause to prosper, incorporate, place under control, pacify, settle'. So, when Getaw says 'we incorporated this land' he is also implying he has a right to rule it and that the whole province of Eastern Hararge belongs to him. The local people have no part in it (f. 9)

Asoosama “Yoomi Laataa?” kana keessatti seenessaan ilaalcha namfakkii goobangaleessaafi masaanuu (Sandaabaafi Qanyaazmach Bafirduu) jidduu jiru dhiheesseen falmii barteewwan gabrummaa Bafirduun qabuufi falmii duudhaa baramaafi seenessa liqimsaa Abbaa Lafummaa mul’iseera. Lolli kun gareewwan abbaa lafaafi biyyaa ta’aniifi koloneeffattoota jidduu tureedha. Koloneeffattootni kunneen dursa ‘ergama qaroomsuu’ ta’uu yemmuu ibsan, booda immoo abbummaa biyyaa haaluun “biyya abbootiin keenya qajeelchan” jechuun lafaafi biyya saba biroo kan ofii taasisan. Kufaatii sirna Mootii Gonfoon booda sirna Dargii keessatti Bafirduun sirna bulchiinsa lafaa “lafti qonnaan bulaaf” jedhuufi walqixxummaa sabaafi afaanii mul’ate yemmuu falmu, Sandaabaan akka namfakkii dammaqinsa Oromummaa qabuufi hojiirra oolmaa “lafti qonnaan bulaaf” jedhu dhugoomsutti ilaalcha walfaallesu qabu. Seenessaan ta’ii qaamota duula wallaalummaa balleessuuf hojjataniifi abbootii lafaa jidduu jiru agarsiiseen miidhaan garee guddina gamtaaf duulan irra gahuun dhiibbaan seenessa guddichaa ture cimaa ta’uu agarsiisa. Waliindubbiin Bafirduufi Sandaaba jidduutti ta’es: tokko maqaan Bafirduun ittiin Oromoo waamu kan arrabsoofi Afaan Oromoos afaanuma maqicharraa moggaafame ta’uun dhimma falmii tokkooti. Inni biroo, laftiifi biyyi Bafirduun fa’i itti dhufan kan Oromoo ta’uudha. Bafirduun gama isaatiin lafa abbaafi akaakayyuun isaa faashistii Xaaliyanii waraanee hambise ta’uu dhaadata. Dhuma irratti namfakkii goobangaleessi, Sandaabaan, deebii gahee Oromoon biyya kana keessatti qabuufi waa’ee lafa yaadannoo injifatamuu mul’isu ibse.

Oromoon biyya kanaaf hinduunee? Dhiigni Minilik akka bishaanii dhangalaasan kan abbaa keessanii miti. Harkaafi harmi Minilik Arsii Annolee irratti muran kan abbaafi haadha keessanii hinturre. Garuu, harkaafi harma Oromoo ture. Dhigni Minilik dhangalaasan sun kan keessan utuu hinta’iin dhiiga Oromootaadha. Dhiigni keessan Oromiyaa keessatti maaliif dhangala’a? Daangaa biyya keessaniitu asgahaa? Maal gochuuf asdhuftan? Arsii Annoolee irratti, Harargee Calanqoo irratti, Wallagga Imbaaboo irratti gochi raawwattan maal ture? (Isaayyaas, 2010, f. 103)

Diddaan gabrummaa tursiisuuf Bafirduun qabu karaa sirna “lafti qonnaan bulaaf” jedhu falmuun mul’ata. Gabrummaan namaafi saaminsa lafaa waan walitti hidhatuuf si’a tokkotti lafaafi nama dhabuun akka diddaan abbootii lafaa cimu taasise. Kolonii keessatti dhimmi kolonii “ergama qaroomsuufi tajaajila hawaasummaafi jaar-miyyaalee” kennuu akka gabroomsuu osoo hintaane, tajaajila kennuutti himatu (Alamaayyoo, 2014). Bafirduunis, jaar-miyyaalee mootummaa akka waraanaa keessatti hirmaachuun isaanii abbaa lafummaa akka ittiin qabatan isaan taasisuu

dhaadata. Sandaabaan garuu, si'a tokkotti dhimma lama falma: tokko xaaliyanii waraanuu keessatti gaheen Oromoo cimaa ta'uufi lafa isaa irratti dhiigni dhangala'e, harkiifi harmi murame kan Oromoo ta'uudha. Seenessi liqimsaan (meta narrative) biyya "abbootiin keenya ijaaran, karaa isaan baasan" (*'the land our fathers have conquered'*) (Tafarii, 2015) jedhu falmuun gabrummaan namaafi saaminsa lafaa Oromoo irra gahe dhaabachuu akka qabu, seenessi liqimsaanis jijjiiramuu akka qabu akeeka. Sandaabaan "daangaa biyya keessaniitu asgahaa?" jechuun qeeqni taasisa biyya saba biraa dhufuu isaanii saaxila. Sandaabaan immoo biyya akaakileefi abaabilee isaaf falmuu mirkaneessa. Kanaanis, lafti Oromoon itti miidhame (Aannoolee, Calanqoofi Imbaaboon) bakka yaadannoo hawaasaafi lafa dhalootaafi biyya dhalootaa isaanii ta'uu akeeka. Qabiyyeen asoosamaa bakkeewwan seenaa kana dhiheessuun qabatamummaa seenichaa agarsiisuufi filannoo seenaa moggeeffameef ta'uudha.

Qorannoo kana keessattis yaadannoon bakkaafi namaa walitti hidhaminsa guddaa kan qabaniifi dammaqinsa hawaasummaa Oromootiifis bu'uura ta'uutu hubatama. Karaa namfakkii goobaangaleessaas ta'ee, kaaniin dammaqinsi hawaasaa akka uumame mul'ateera. Kunis, hawaasa dadammaqsuun, hawaasa ijaaree akka isaan lafa isaanii irratti hojjatanii jiraatan, ofiin walbulchan taasisuun kanuma agarsiisa. Galmi isaa immoo namaafi abbummaa lafaa dhugoomsa.

Asoosama "Godaannisa" keessattis ta'iin yaadannoo lafa dhalootaa (nativeland)fi biyya dhalootaa (homeland) dammaqinsa bu'uuraati. Walfalmiin Soolan Disaasaafi *Ciqqaashuumii* Birasawu Mollaa jidduu ture ilma isaa Abdiisaa Soolaniif illee madda dammaqinsaa ta'eera. Namfakkeessuun "Abdiisaa" yaadannoo injifachuu abbaa isaa kana akka galmaan gahuuf maqaa baheefidha. Soolan Disaasaa lafa isaa osoo ijaan arguu dabarsee kennuurra wareegama filate. Haata'umalee, lafichi kan isaa ta'uu hindandeenye. Kan inni dhalootaaf dabarse garuu 'diddaa gabrummaa" kan namatti dhufeeffii saaminsa lafaati. Miidhamni uumames yaadannoo ta'e. Yaadannoon kun humna dhaloota walitti hidhuus qaba. Seenessaan xiyyeeffataanis yaadannoo abbaa isaafi moggaasa maqaa isaa yemmuu ibsu, "Inni dhihe nibari'a, inni dukkanaa'e ni'ifa' jedheetu, 'hongen bonaas nidarba, arfaasaan roobaa dhufa, margis deebi'ee lalisa, aduun birraas nibaati, adaanis nidaraarti' jedheetu... 'ibsaan abdii koo hindhaamu, ibsaan abdii koo si'i, gaaf tokko nama taatee iddoo koo magarsita' jedheetu 'Abdiisaa' naan jedhe" (Dhaabaa, 2020, f. 1). Hafeen kun kan akeeku osoo hinjaalatiin dirqiin lafa dhalootaafi biyya dhalootaa isaa irratti wareegamuun yeroof abdii dhabummaa fidus, abdiin kun deebi'ee akka latu kan taasisu ilmoo isaa, dhaloota egeree ta'uudha. Fakkoomiin abdii boruu kara ilillii, birraa, arfaasaa, lalisaa jiru injifannoon dhalootaan dhufuu akeeka. Hongeen, ganni, dhihuu, dukkanaa'uun immoo yaadannoo injifatamuu akeeka. Dhaloonni egeree immoo akka xiiqeffatu, gabrummaa falmu kan taasisu yaadannoo dhaloota lufeti. Yaadannoon kun kan baramus, seenaafi himtee nama dhuunfaa sanarraa darbuuni. Akka Leewikaa (2008) jedhutti, yaadannoon hawaasaa yeroo nuti hinjiraannellee duubatti deebi'ee yaadannoo agarsiisa. Kunis, maatii hanga hawaasa addunyaatti ta'uu mala. Akka yaadannuuf waanti nu gargaaru yaadannoo maatiif muuxannoo dhuunfaarraa, kan sadarkaa biyyaafi addunyaa immoo afoolaafi himtee aadaarraa fa'i. Leewikaa (2008) "Social

memories may concern events that happened during our life or that took place before we were born and therefore belong to the history of the family, ethnic group, state, or the world. In the latter cases, what we “remember” depends not on personal experience but on oral traditions, cultural transmissions our own motivation to do the detective work in discovering the past” (f.112). Haalli kun yaadannoo hawaasa tokkoo karaa seenessaatiinis darbuu agarsiisa. Ragaalee qorannoo kanaa keessattis kan mul’ate “Godaannisa” keessatti irra caalaa karaa agarsiisuufi daawwachiisuun, ija ramaddii seenessa tokkooffaan yemmuu dhiheessu, “Yoomi Laataa?” keessatti immoo seenessuufi ibsuun walitti hidhaminsa bakkaafi yaadannoo hawaasaa agarsiiseera.

Yaada olitti ibsame guduunfuuf, hariiroon bakkaa, yaadannoon hawaasaafi dammaqinsi hawaasummaa walitti hidhata qabu. Miidhaan lafa/bakka tokkorratti dhufu haala walfakkaataan nama laficharra jiraaturratti dhufuun hariiroo waltarree namaa-lafaa agarsiisa. Haalli kun sabni tokko lafa dhalootaafi biyyadhaloota isaaf akka falmuufi biyya abbaa isaa akka mirkaneeffatu isa taasisa. Adeemsi lafa isaaf falmuu kun immoo dammaqinsa hawaasa sanaa cimsa. Yaadannoon injifachuu abbummaa lafaa kan mirkaneessu yemmuu ta’u, injifatamuun immoo eenyummaa lafaafi namaa deebisuuf kan falmama. Falmiin kun eenyummaa lafaafi namaa deebisa, dammaqinsa siyaasaa uuma. Dhimmi ijoo garuu hariiroo bakkaa dursa uumamuudha. Hariiroon bakkaa walitti hidhaminsa dhaloota jidduu uuma. Walitti hidhaminsi dhaloota jidduu immoo eenyummaa lafaafi namaa jabeessa. Kanaaf, hariiroon bakkaa yaadannoo hawaasaaf, eenyummaa bakkaafi dammaqinsaaf isa bu’uuraati (Leewikaa, 2008). Injifachuufi injifatamuun immoo yaadannoo bakkaafi hariiroo bakkaa akkasumas, dammaqinsa uumuuf gumaacha qaba. Oromoonis lafa dhalootaafi biyya dhaloota isaa dachee Oromiyaa jedhu gara biyya Oromoo, Oromiyaa, biyya abbaa jechuun ibsuun isaafis falma. Galmi falmii isaas abbaa biyyummaa kana mirkaneeffachuudha. Adeemsa falmii kanaa keessa miidhaafi cunqursaan dhalate yaadannoo yemmuu ta’u, dammaqinsa eenyummaa isaatiifis qooda baheera.

GUDUUNFAA

Waraqaa qorannoo kana keessatti xiinxala hafee ogbarruu seenessamaafi qabiyyee, akkasumas tooftaalee namfakkiifi namfakkeessuu irraa waanti adda bahe dammaqinsa waloo Oromoof gaheen yaadannoo bakkaafi hariiroo dhaloota jidduu cimaa ta’uudha. Karaa namfakkiifi namfakkeessuun yaadannoon karaa dhalootaafi bakka isaan uumamu kun aadaa diddaa gabrummaa akka walirraa dhaalu, lafa isaaf immoo miira olaanaa qabaatu taasisseera. Keessattuu karaa ‘lafa warra koo, lafa handhuura koo’ jedhuun cichoominni lafa dhaloota dhufutti dabarsuuf yaalamu sabboonummaa ‘biyya abbaa’ cimseera. Ilaalchi kun sabboonummaa biyya abbaa Jaarman keessatti mul’ate waliin walfakkeessa (Muraadoviifi kanneen biroo, 2021). Kaayyoon dhalootaafi lafa isaa addaan baasuu immoo aadaa, seenaa, duudhaafi beekumsa achirratti horate irraa fageessuudha. Dhaloonni falmii kanaan hariiroo bakkaafi walitti dhufeenya dhalootaa eegu ittigaafatamummaa isaa kan baheefi isaanis boona; faallaa kanaan kan ittigaafatamummaa bahu dadhabe himata seenaa jalaa hinba’u (Asaffaa, 2007). Hafee asoosama “Yoomi Laataa?” irraa kan

hubatame, diddaan Walubummaan eegale, Yaadannoo Jaarraafi Sandaabaa Yaadannoon itti fufe. Sandaabaan muuxannoo cunqursaan qabuufi diddaa garbummaas maatii isaa irraa dhaaluun dirree qabsootti ilmaan isaa waliin bobba'uun injifannoon gale. "Godaannisa" keessattis hariiroon maatiin Soolan Disaasaa lafa isaanii irratti qaban dhaloota gabrummaa hinfudhanne uumaniiru. Abdiisaan yeroo hundumaa waa'ee wareegama abbaan isaa lafaafi mana isaa keessatti fudhate yaadannoo taasifatee gabrummaa falmaa jiraate.

Kanaanis, Fakkoomii Dachee-Dubartiin waloombiif waltarrummaan namaafi lafaa mul'ateera. Akkasumas, hariiroon dhaloota jidduu karaa lafaatiin seenaa hojjachuu, dabarsuufi tiksuun ittigaafatamummaa dhalootaa ta'uun akeekameera. Koorniyaa gidduuttis, dhimma namaafi lafaa irratti waloon qabsaa'uun mul'achuun yaadimee waloombaa agarsiisa. Haata'umalee, hanga dubartootni Oromoo qabsoo keessattis ta'ee hawaasummaa keessatti bahan kan hinhimanneef ta'uus agarsiisa. Kun immoo qabsoo waloo dhiiraafi dubartii malee kan tokkoo qofaan galma waan hingenyeef jijjiirama yaadaa barbaaduu akeeka. Kanaaf, 'qabsoon waltarree' impaayerattis ta'ee olaantummaa ilaalcha dhiiraa akkasumas, bartee olaantummaa garee tokkoo mirkaneessutti taasisuu jiraachuu akka qabu agarsiisa. Asoosamoonni Oromoo qorannoo kanaaf filataman qabiyyeenis ta'ee seenessamaan gahee koorniyaa lameenuu waltarree dhiheessuuf yaaluun mul'ateera.

Moggaasni maqaa lafaafi namaas hariiroo qabaachuun madda ragaa dhalootni haaraan ittiin eenyummaa isa bade barbaaduufi yaadannoo isaa kunuunfatu ta'eera. Hafee asoosama "Yoomi Laataa?" keessatti moggaasni maqaa 'Harar' agarsiistuu tokko. Moggaasni kun iddoo injfannoofi injfatamuus ta'uun hariiroo bakkaafi yaadannoo ta'uu danda'eera. Seenaa dhugaan "Yoomi Laataa?" keessatti dhihaateen "Aannoolee, Calanqoofi Imbaaboon" iddoo yaadannoo dhaloonni walirraa fuudhee dabarsuudha. Kanaaf, koloniifi miidhaan koloniis hariiroo bakkaa uumuun dammaqinsa hawaasaaf sababa ta'uu akeeka. Bakkeewwan akkasii tokkummaa dhalootaa daran cimsu. Asoosamoota Oromoo keessattis seenessamaafi qabiyyen dhihaachuun tokkoon dhimma ijoo asoosamaa taasisuuf, karaa biraa, filannoo seenaa moggeeffame 'dhiheessuu ta'eera. Kanaaf, asoosamoonni Oromoo karaa yaadannoo namaafi lafaan dirree seenaafi sabboonummaa itti qoratamu ta'uus akeeka. Karaa biraa, yaadannoo kuusuufi dabarsuunis dhaloota haaraa barsiisa. Kanaaf, asoosamoonni Oromoo dameewwan beekumsa garaagaraaf xiyyeeffannoo qorannoo ta'uu agarsiisa.

WABIILEE

- Abbas Haji. (2002). "Islam, the orthodox Church and Oromo nationalism (Ethiopia)" *Cahiers d'études africaines* [En ligne], 165 mis en ligne le 25 mai. UR: <http://etudesafriaines.revues.org/137>
- Alemayehu Kumsa. (2014). The Conflict Between the Ethiopian State and The Oromo People. *Centro de Estudos Internacionais do Instituto Universitário de Lisboa (ISCTE-IUL)* ISBN: 978-989-732-364-5
- Arnesen, O. E. (1996). "The Becoming of Place: A Tulama-Oromo Region: In North Shoa" In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, (eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 210-238. Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Asafa Jalata. (1993). Sociocultural Origins of the Oromo National Movement in Ethiopia. *Sociology Publications and Other Works*. https://trace.tennessee.edu/utk_socopubs/85
- Asafa Jalata. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Atlanta, Georgia, Oromia Publishing Company.
- Asafa Jalata. (2009). The Struggle of the Oromo to Preserve an Indigenous Democracy. *Sociology Publications and other works* https://trace.tennessee.edu/utk_socopubs/9
- Asafa Jalata. (2015). Theorizing Oromummaa. *Journal Oromo Studies*. Volume 22, No 1
- Asafaa Tafari. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East printing plc.
- Asafa Tefera. (2015). 'Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture, Ethiopia, Northeast Africa'. PhD Thesis, Indiana University
- Asafa Tefera. (2012). Some Notes on Oromo cultural Nationalism. https://papers.ssrn.com/sol3/papers.cfm?abstract_id=2766592
- Asafa Tefera. (2020). *Atee-Loon*. Finfinnee. Raajii Printing
- Assefa Tefera. (2021). Lake Qooqa as a Narrative: Finding Meanings in Social Memory (A Narrative Inquiry). *Humanities* 10(2), 77; <https://doi.org/10.3390/h10020077>
- Ashenafi Belay. (2014). 'An Ecocritical Reading of Representations of Human-Nature Relations in Selected Novels Set in Africa.' Thesis of the degree of Doctor of Philosophy in Literature, Addis Ababa University
- Ayele Kebede. (2022). 'Against the 'Great Tradition' Marginalization and resistance in Ethiopian novels in Afan Oromo and Amharic.' Thesis Submitted for the Degree of PhD in Cultural, Literary and Postcolonial Studies, SOAS, University of London
- BATO. (2016). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarra 20ffaa*. Finfinnee.
- Blackhurst, H. (1996). "Adopting an Ambiguous position: Oromo relationship with stranger". In North Shoa. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, (eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 239-250. Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Dirribii Damusee. (2016). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaa Amantaa Oromoo*: Finfinnee. Ilsabaa publishing
- Dhaabaa Wayyeessaa. (2020). *Godaannisa: Asoosama Haaressame*. Finfinnee, Ilsabaa printing,

PLC.

- Gemetchu Megerssa. (1993). Knowledge, Identity and the Colonizing Structure the Case of The Oromo In East and Northeast Africa. Ph.D. Thesis Submitted to The Department of Anthropology University of London School of Oriental and African Studies
- Gemetchu Megerssa. (1996). "Oromummaa: Tradition, Consciousness and Identity". In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 92-102. Uppsala. The Red Sea Press Inc.
- Gemetchu Megerssa. (2005). Oromo world view. *The journal Oromo studies*
- Gemetchu Megerssa and Aneese, K. (2019). *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa*. Addis Ababa: Rehobot printers
- Golban, p. and Ciobanu, E. (2008). *A short History of Literary Criticism*. Turkey: Üç Mart Press.
- Grosby, S. (2005). *Nationalism: A Very Short Introduction*. Oxford-New York: Oxford University Press.
- Hultin, J. (1996). Perceiving Oromo: 'Galla' in the great narrative of Ethiopia. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 81-92. Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Isaayyaas Hordofaa. (2010). *Yoomi Laataa?* Finfinne: Ethiopian Writers Association
- Kaiser, R. J. (1994). *The Geography of Nationalism in Russia and the USSR*. Princeton, New Jersey: Princeton University Press
- Kuwe Kumsa. (1997). The Siiqqee Institution of Oromo Women. *Journal of Oromo Studies*. Vol. 4, Nos 1 and 2, July, 1997. pp. 132-165.
- Lewicka, M. (2008). Place attachment, place identity, and place memory: Restoring the forgotten city past. *Journal of Environmental Psychology* 209–231
- Lewis, S.H. (1996). "The Development of Oromo Political Consciousness from 1958 to 1994". In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 37-47 Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Low, S.M. (1992). *Symbolic Ties That Bind: Place Attachment In The Plaza*. New york: plenum Press.
- Mekuria, B. (1996). "Survival and Reconstruction of Oromo National Identity". In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 48-66. Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Merchant, C. (1996). *Ecofeminism and Feminist theory*. In I. Diamond & G. F. Orenstein (Eds.) *Reweaving the world: The emergence of ecofeminism*. San Francisco: Sierra Club Books, 100-105
- Mohammed Hassan. (1996). The development of Oromo Nationalism. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 67-80. Uppsala. *The Red Sea Press Inc.*
- Mohammed Hassan. (2005). Pilgrimage to Abbaa Muudaa in *Journal of Oromo Studies*, V.12, No. 1&2.
- Mohammed Hassan. (2009). "Oromo nationalism, and the continuous multi-faceted attack on the

- Oromo cultural, civic and political organisations in “Exploring New Political Alternatives for the Oromo in Ethiopia”*, Siegfried Pausewang (ed). CMI. CH Michelson Institute.
- Muradov, A, Tuzcuoğlu, F. and Bölükbaşı, Y. (2021). The Construction of Geography by Nationalism: Homeland, Motherland, Fatherland. *Khazar Journal of Humanities and Social Sciences*, Volume 24 № 1 pp, 5-24
- Nnaemeka, O. (ed.). (1997). *The Politics of (M)othering: Womanhood, Identity and Resistance in African Literature*. New York: Routledge.
- Østebø, M.T. (2009). Wayyuu Women’s Respect and Rights among the Arsi Oromo. Trondheim: *Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies*
- Pausewang, S. (2009) (ed). The Oromo Between Past and Future, in Exploring New Political Alternatives for the Oromo in Ethiopia, report from Oromo workshop and its after-effect. N-5892 Bergen, Norway, ISBN 978-82-8062-341-6
- Taabor Waamii. (2015). *Seenaa Dhugaatiifi Barreeffama loogii*. Finfinnee: Rehobot printers plc.
- Tasammaa Taa’aa. (2021). *Hundee seenaa Ummata Oromoo*. Finfinnee. Far East Trading plc.
- Teferi Negussei. (2015). The representation of 'Ethiopianness' and 'Oromoness' in two Oromo-language novels: "Yoomi Laataa" by Isaayas Hordofaa and "Kuusaa Gadoo" by Gaaddisaa Birruu. *Journal of African Cultural Studies*. Vol. 27, No. 1, SPECIAL ISSUE: LITERATURES IN AFRICAN LANGUAGES, pp. 84-9
- Tesema Ta’a. (1996). Traditional and Modern Cooperatives among the Oromo. In (P.T.W. Baxter, J. Hultin, & A. Triulizi, eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiry*, pp. 48-66. Uppsala. *The Red Sea Press Inc*
- Tesfaye Tolassa. (2019). ‘A History of Oromo Literature and Identity Issues (c.1840-1991)’. PhD Thesis. Addis Ababa University.
- Workineh, Kalbessa. (2010). Indigenous and modern environmental ethics: a study of the indigenous Oromo environmental ethics and modern issues of environment and development. Washington, D.C: *Cultural Heritage and Contemporary Change Series II, Africa, Volume 13*